

# Ittisa Vaayirasii Koroona (COVID-19):

## Wantootaa walii galaa barbaachisoo – YAADA CUUNFAA

Department of Labor & Industries (L&I)'n hojjechiftotnii iddoo hojii nageenyii fi fayyinnii isaa eegamee akka dhiyeessan ni barbaada akkasumas ajajaja Bulchoota fiixaan baasuun weerara dhukkuba vaayirasii koroona akka dhorkaniif.

## Dirqama Waliigalaa Hojjechiistota Irraa Eeqamu

### Walirraa Fagaachuu

- Yeroo danda'aametti hojjetootnii yoo xiqqaatee fageenya faana (feet) ja'a hojjetoota biroo irraa fi ummata irraa fagaachuu mirkaneessuu.
- Walirraa fagaachuun yoo hin danda'amu ta'eef tamsa'ina vaayirasii koroona hir'isuuf danqaa/ittisaa fi mala ittifannoo mirkanaa'e kanneen biroo fayyadamaa.
- Walirraa fagaachuun iddoo hin danda'aamnetti wayyaa fuulaa uwwisuu, haguugiiwan (masks) ykn qileensa kennituu (respirators) fayyadamuu kessan mirkaneessaa.

### Harka Dhiqannaa Irra Deeddeebii fi Fayidaa Qabeessa Ta'e

- Meeshaalee harka dhiqannaa dhaabbataa yookiin socha'aa ta'an bishaan qulqulluu fi ho'aa yookiin ho'aas qabbana'aas hin taane, saamunaa fi fookaa waraqaa waliin qopheesaa.
- Yeroo gara hojii seenan, boqonnaa fudhatan, mana fincaanii fayyadaman, nyaata duraafii booda, yeroo dhugaatii fi oomisha tamboo fayyadaman fi erga iddoowan faalaman tuqan booda harka dhiqachuun dirqama godhaa.
- Bakkoota/wantoota qulqullesituu harkaa (hand sanitizer), haxooftuu, ykn fookaawwan baattuu socha'an keessaa kan ammaa ammaa harka qulqulleessuu haala mijeessan (gidduu dhiqannaa harkaatti) erga qodaawwan nama biroon tuqaman tuqnu.

### Bartee Idilee fi Qulqullina Dabalataa Fi Qulqulleessuu

- Sagantaa qabumsa manaa kan irra deddeebiin qulqullesuufi qulqullina eegachuu bafadhaa.
- COVID-19'n namni shakkame erga argamee booda meeshaalee qulqullina gadi fagoof gahaa tahe fi qulqulleessuu (sanitizing) danda'aan qabaachuu keessan mirkaneessaa.
- Iddoo yeroo baay'ee tuttuqaman yeroo hundaa qulqulleesii.
- Hojjetootnii yeroo keemikaala tuqan akka gaantii harkaa (gloves) fi haguugduu ijaa/fuulaa fayyadaman mirkaneeffadhaa.
- Konkolaatan hojii kan waliin qooddatamu yeroo hundumaa hojjetootni biroo itti fayyadamanii fi yoo namni tokko qofti kan ittii fayyadamuu ta'e idileen akka qulqula'ee fi jarmiin balleeffame mirkaneeffadhuu.
- Daataa Waraqoota Nageenya (SDSs) jarmii balleessitoota naannoo sanii hundaaf kaa'i.

### Hojjetoota Dhukkubsatoota Hundaaf Qajeelfama Qopheessi

- Hojjetootnii dhukkubsatoon akka mana ta'an ykn iddoo mana qotiinsaa yoo jiraatan akka adda ba'anii ta'an gochuu godhaa.
- Hojjetoota mallatoolee dhibee COVID-19 agarsiisan eenyu akka ta'an adda baasiitii gara manaa ergi ykn adda baasi.
- Yoo hojjetaan tokko COVID-19'iin shakkamee ykn yoo irrattii argamuun mirkanaa'e nannoon suun hanga sirritti qulqullaa'utti sararaan adda baasaa.

## **Barumsa Hojjetoota Balaa COVID-19 Bakka Hojii irratti.**

Afaan hojjetoonni sun haala gaariin hubachuu danda'aniin, akka beekan mirkaneesii:

- Agarsiisa, Mallatoolee, fi balaa dhukkuba COVID-19 waliin wal qabatu.
- Haala tamsa'ina vaayirasii koroona iddoo hojiitti ittisuun itti danda'amu.
- Haala ittiin sirriitti harka samuunaa fi bishaaniin yoo xiqqaatee secondii 20'f dhiqannu.
- Faayidaa qufaa fi haxxifannaa haguuguu, fi harka osoo hin dhiqatiin fuula tuquu dhiisuu.

*\*Kun guduunfaa dha. Yaada dabalataaf, kana ilaali F414-164-000 Coronavirus (COVID-19) Prevention: General Requirements and Prevention Ideas for Workplaces.*